
Sirba moo Faarfannaa
Geetuu Abarraa

BAAFATA

1. Sirbinu moo Faarfannu?..... 1

1.1. Faarfannaan maali?..... 1

1.2. Faarfannaa fi Madaallii Faarfataa..... 2

1.3. Sirbuun Cubbuu dhaa?..... 3

1.4. Sababoota faarfannaa sirba irraa Adda godhan..... 3

1.4.1. Tuqaalee Faarfannaa Sirba irraa adda godhan..... 4

1.4.2. Madaallii Faarfannaa..... 4

1.5. Sirba jechuun maali?..... 5

2. Keessaa filannee Sirbinaa?..... 6

2.1. Godaannisa Ammayyummaa..... 6

2.2. Sirbaan waan Gaarii ta'e yoo dubbanne hoo?..... 7

2.2.1. "Faaruu" Biyyoolessaa haa Faarfannuu?..... 7

2.2.2. Waaqayyoon Tajaajiluun Jireenya..... 8

2.2.3. Sirbuun Cubbuu dha..... 8

2.3. Sababoota Sirbi Hin Sirbamne Keessaa Saddeet(8)..... 8

3. Filannoon Sadi hin jiru..... 11

4. Waldaan Kiristaanaa maal haa Gootu?..... 13

5. Kitaabota Wabii (Referance)..... 16

Qopheessaa: Liulsegid Lema
Kan Hiikee fi Dhiheesse:
Geetuu Abarraa
Telegram: https://t.me/maranatayesuus
Bara 2012 A.L.I

© Kitaaba kana mirga barreessaatiin alatti baay'isuu fi maxxansuun ni danda'ama.

1

SIRBINU MOO FAARFANNU?

1.1. Faarfannaan maali?

Faarfannaan kennaa ayyaanaa isa gati jabeessa waaqayyoo biraa amantootaaf kennamee dha. Faarfannaa yommuu faarfannu keessa keenyatu haara'a. Amantoonni yommuu faarfannaa dhaan waaqayyoon waaqeffatan:-

- ✓ Warri hidhaman ni hiikatu,
- ✓ Kan nagaa dhaban nagaan isaaniif deebi'a,
- ✓ Kan boqonnaa dhaban boqonnaa argatu.
- ✓ Abdiin namootaa kan itti haara'uudha.
- ✓ Warri dadhaban ittiin jajjabaatu.
- ✓ Kan gaddan ni jajjabaatu.

Faarfannaan kan amantoonni galataan guutamanii waaqayyoof aarsaa ittiin dhiheessanii dha. Faarfannaan hafuura qulqulluun gaggeeffamuun nama dhuunfaa dhaan yookiin garee

dhaan aarsaa qulqullaa'aa waaqayyoof dhiheeffamuu dha. Warra hin amanne gara kiristoositti kan waamuu fi affeeru. Warra amanan, akka sagalee waaqayyootti guddatan, akka lallabaatti, akka baruumsaatti, akka raajummaatti, kan barsiisuu fi gorsu, walitti dhufeenya waaqayyoo wajjin qaban kan jabeessu kutaa waaqeffannaa ti. Warra amanan immoo amantiitti kan cimsu, kan gorsu Faarfannaan kan namaaf faarfatamu, utuu hin ta'in, namaan kan waaqayyo gooftaaf faarfatamuudha. Faarfannaan kan kaayyoof faarfatamu, galma kan qabu, darbees bara baraan kan faarfatamuu dha.

"Waaqayyoon faarfannaadhaan jajadhaa! Isa faarfadhaa! Mootii keenya faarfannaadhaan jajadhaa! Isa faarfadhaa! Waaqayyo mootii guutummaa biyya lafaa waan ta'eef, isa faarfadhaa, mararoodhaan jajadhaa!" (Faarfannaa. 47:6-7)

1.2. Faarfannaa fi Madaallii Faarfataa

Faarfannaan hafuura qulqulluun kan faarfatamu yommuu ta'u, namni faarfatus hafuurichaan gaggeeffameeti. Qaama qulqullaa'aa irraa waaqa qulqulluu ta'eef aarsaa dhihaatudha. Faallaan kanaa immoo sirba. Sirbi walaloo waa'ee waaqayyoo kan hin himne, waa'ee yesuus kiristoos kan hin caqasne, hafuura qulqulluudhaan kan hin deeggaramne, walaloo biyya lafaa kanaa ti.

Muuziqaa, faarfannaa akkasuas sirbi garaagarummaa qabu. Faarfannaan muuziqaa miti. Sirbis muuziqaa miti. Lamaanuu garuu muuziqaa ni barbaadu. Muuziqaa faarfannaadhaaf yookiin sirbaaf itti fayyadamuun ni danda'ama.

Sirbi, muuziqaan deeggaramee yookiin kan hin deeggaramne, hafuuraan kan hin taane, macaafa qulqulluu kan giddu galeessa hin godhanne, ergaa wangeelaa kan of keessaa hin qabne, kufaatii namaa fi cubbuu kan hin dubbanne, karaa fayyinaa kan hin argisiifne waa'ee biyya lafaa qofa kan of keessatti qabatee dha.

"Dhugaatiidhaan machooftanii of hin wallaalinaa, isaanis of hin balleessinaa! Qooda kanaa hafuura qulqulluudhaan guutamaa! Qooqa garaagaraatiin, faarfannaa galataatiin

weedduu hafuuraatiinis walharkaa fuudhaa! Garaa keessan keessatti faarfachaa galata gooftaa dhageessisaa!" (Efesoon. 5:18-19)
Waaqayyoon kan faarfatan humna waaqayyo irraa ni argatu. Hidhamanii kan turan hidhaa isaanii irraa ni hiikamu. Kan gaddan ni gammadu. Abdii kan kutatan abdiin isaanii ni haara'a. Eebbi guddaanii fi nagaan addaa waaqeffannaa faarfannaa keessatti argama. Faarfannaan fedhii hoo'isuu dhaaf miti kan faarfatamu.

Kan faarfatan waaqayyo irraa humna akkuma fudhatan, kan sirban hafuura seexanichaa qooddatu.
Sirbicha kan sirbu Akkamitti hafuuricha qooddata ?

1.3. Sirbuun Cubbuu dhaa?

Waldaaleen kiristiyaanaa "sirbuun cubbuu dha. Amanataan sirbuu hin qabu!" murtee jedhu qabu. Murteen kuni sirrii dha. Akkuma kutaalee darban irratti illaallee turre, namni sirba sirbe hafuuricha sirbichaa qooddata. Kunis hafuura isa hamaa kan seexanaa sanaati. Argitanii yeroo intalli Herodis mootichaa isa duratti sirbuu dhaan keessumoota isaa gammachiiftetti hojii mootichi hojjate? Morma Yohaannis isa cuuphaa akka kutamu taasise. (Maarqos. 6:22). Kuni kan nutti argisiisu, hafuurri sirbi ittiin gaggeeffamu hafuura seexanaa, hafuura ajjeesaa ti. Sirba keessa hafuura nagaa buusu utuu hin ta'in hafuura namoota walitti buusuu akka wal waraananiifis kakaasutu jira.

1.4. Sababoota faarfannaa sirba irraa Adda godhan

Faarfannaa fi sirbi kan tokko fakkeessan (Namaa fi meeshaan muuziqaa) tokko ta'aniyyuu kaayyoon isaanii fi karaaleen argama isaanii garaagara. Akkasumas, kaayyoo fi haala raawwii isaa qofa utuu hin ta'in maddi isaa illee garaa gara. Faarfannaan ergaa akkuma qabu, ergichi waa'ee fayyinaa, xiyyeeffannoon isaas goofticha kabajuu akka ta'e, Ergaa mataa isaa danda'e kan qabu, ergaan isaas ergaa gatii guddaa ergaa fayyinaa kan affeeru.

Sirbis xiyyeeffannoo qaba. Ni waaqeffachiisa, garuu kiristoos miti. Ergaa qaba. Macaafa qulqulluu miti. Kan waaqeffamu nama yookiin miidhagina, biyyaa fi bilisummaa, uumama yookiin seexana yookiin kanneen biroos ta'uu danda'a.

1.4.1. Tuqaalee Faarfannaa Sirba irraa adda godhan

a) Qaama qulqullaa'aa, nama jijjiirame irraa waaqayyoof kan dhihaatu waan ta'eef.
b) Faarfannaan ergaa macaafa qulqulluu kan of keessatti qabate waan ta'eef,
c) Waaqayyo irratti hirkachuu keenya kan ibsu waan ta'eef,
d) Faarfannaan namoonni akka uumaa isaanii, waaqayyoof galataa fi ulfina kabaja kennaniif gaggeessa.
e) Jireenya, boqonnaa, eebba, abdii, kabajaa fi ulfina keenya waaqayyo godhannee akka dubbannuuf kan gargaaru dha.
f) Nagaan amansiisaan keenya kan argamu waaqummaa waaqayyoo yommuu itti yaadne, kaayyoo uumamneef duukaa yoo buune malee wantoota biraatiin kan hin taane akka ta'e yoo hubanne qofa waan ta'eef sababoota kanaa fi kanneen birootiin faarfannaan sirba irraa baay'ee garaagara.

1.4.2. Madaallii Faarfannaa

A. Macaafa Qulqulluu
B. Kan jajjabeessuu fi warra kaanis kan cimsu.
C. Kadhataa fi galata irratti kan hundaa'e.
D. Waliin kan faarfatamu yommuu ta'u, kan faarfatamu waaqayyo dha.

1.5. Sirba jechuun maali?

- Sirbi ogummaa dha. Akkuma ogummaatti, sirbi sochii qaamaa qofa kan fayyadamu utuu hin taane, fedhii, yaada sammuu, hafuuraa fi lubbuus ni kakaasa.
- Walaloon Guddummaa waaqayyoo, kan kristoos giddugaleessa hin godhanne, aangoo macaafa qulqulluus kan hin muldhifne hundinuu sirba.
- Waaqayyoo dhaan alatti gammachuu argachuuf muuziqaa dhaan wanti qindaa'u yookiin kaka'uumsi godhamu hundinuu kufaatii dha. Aarsaa waaqayyoof ta'uu fi waaqayyo itti gammadu uumama biraatiif dabarsanii laachuun dheekkamsa fida.
- Yeroo tokkotti sirbuunis faarsuunis hin danda'amu. Bishaan boora'anii fi qulqullaa'aan burqaa tokko keessaa hin maddu.
- Burqaa tokko keessaa bishaan miyaa'aa fi hadhaa'aan hin ba'u. Waaqeffannaan, hooqubaan, faarfannaan qooqa garaagaraa afaan keenya keessaa bahu, waaqa irratti lafa irrattis waaqayyo abbaa dhaaf haa ta'u. (Luqaas. 2:14)

Faarfataan inni sirriin kan inni faarfannaa baasu hafuufa qulqulluun gaggeeffamee yoo ta'u, sirbi immoo hafuura sirbaatiin (seexanaatiin) gaggeeffamuun. Kan isa gaggeessu hafuura hamaa sana waan ta'eef nama karaa dhugaa irra jiru kan balleessu hojii waaqa tolfamaa waaqessuu ti.

2. KEESSAA FILANNEE SIRBINAA?

Keessaa filadhuu akka kanatti sirbi; kana immoo dhiisi qajeelfamni jedhamu waldaa kiristiyaanaa keessa hin jiru. Amantoota biratti yaada kana bakka lamatti qoodnee ilaaluu dandeenya. Parsantiidhaan kaa'uun yoo ulfaataa ta'e illee baay'een warra wangeelatti amananii ejjennoo waldaan kiristiyaanaa qabdu ni qabu. Baay'inaan xiqqaa warri ta'an immoo, "keessaa filannee sirbina" jedhu. Dhuguma filatanii sirbuun ni danda'ama?

2.1. Godaannisa Ammayyummaa

Biyya Awurooppaatti kan jalqabe amma immoo biyya Ameerikaa dhihaatti ta'aa kan jiru, post modernizimin (post modernism) kan jedhamu aadaa baay'ee dadhabsiisaa ta'ee fi faarfannaa bara si'anaa irratti dhiibbaa hamaa geessisaa jiruu dha. Post Modernism keessatti wanti tokko anaaf sirrii yoo ta'e sirrii dha. "Wanti guutumaa guutuutti, nama hundumaa biratti akkasumas yeroo hundumaa dhugaa ta'e hin jiru" kan jedhuu dha. Siifis kan dhugaa fakkaate dhugaa dha. Eenyu iyyuu eenyuun illee kuni sirrii miti jechuuniin irra hin jiraatu" jedha.

Kiristaanummaan safartuun ala miti. Post moderniziimiin dhugaa fi safartuu dhugaa ni gana. Kana irra darbees Safartuu macaafa qulqulluu kan cabsu filoosoofii fi amantii dadhabaa dha. Filoosoofiin kuni waldaa irratti dhiibbaa hamaa akka hin geessifne qulqullummaan deddeebi'uun moo'achuu dha.

"Akka naaf galetti, akka ilaalcha kootti yesuus sirba ni jaalata, akka mul'ata kootti hundumtuu akka galeefitti haa deddeebi'u, waaqayyo jaalala, tarii,... kanaa fi kan kana fakkaatan mammaaksi hamaan kunniin kiristaanota safartuun ala kan godhanii dha. Baay'een amantootaa sagaleedhaanis, hojiidhaanis kan safara keessaa ba'anii fi yeroo akkasii irras jirra.

2.2. Sirbaan waan Gaarii ta'e yoo dubbanne hoo?

Sirbitoonni waan gaarii dubbatan (sirban) ni jiru. Kiristaanonni waan gaarii yoo sirban rakkoo qabaa? Jedhanii kanneen gaafatan jiru. Tajaajilaa Nigusee Bulchaan yommuu deebisan, "Waan gaarii dubbachuuf sirbuu qabnaa? Kan jedhuudha gaaffiin koo. Sirbaan malee karaa biraatiin waan gaarii ibsuun hin danda'amuu? Jedhanii deebii isaanii bifa gaaffiitiin kennu.

2.2.1. "Faaruu" Biyyoolessaa haa Faarfannuu?

'Faaruun' biyyoolessaa waan barameef jenna malee waadaa biyyaa ti. Safartuu faarfannaan ittiin madaalamus hin guutu. Faaruun biyyoolessaa waa'ee uummataa, alaabaa biyyaa akkasumas faaruu biyyoolessaa tokko tokko keessatti eegumsi waaqayyoo ni galateeffama yookiin akka eeguuf ni kadhatama. Faaruun kuni jiraatees dhiisees hammi kiristaana ta'uu, lammii qulqulluu fi amanamaa ta'uu macaafni qulqulluun ni barsiisa. Qulqullummaan kunii fi lammummaan fayyaalessi dirqamaa fi mirga, itti gaafatamummaa, aangoos sirnaan itti dhimma bahuu akka qabaatu taasisa. Kuni kiristiyaanota irraa eegama.

Amantoonni tokko tokko waadaa galuu kana yookiin kakuu haaressuu yookiin faaruu biyyaa kana faarfachuu cubbuutti lakkaa'uudhaan hin jedhani. Kuni akkaataa hubannoo waan ta'eef biyyoonni guddatan faarfachiisuuf hin dirqamsiisani. Olaantummaa dhaan dirqama gochuunis caalatti cubbuu akka fakkaatu taasisa. Biyya keenyatti bara dargii keessa kiristaanonni sababa kanaan hidhaman ni jiru. Kiristaanota tokko tokkotti cubbuu fi gantummaa itti fakkaatee qofa utuu hin ta'in sirballee waan itti fakkaatuuf jechuu irraa of qusatu. Kuni dhimma hubannooti.

Kanas ta'ee, wanti sirba keessatti hammatamu faaruu biyyaalessaa fi alaabaa kana keessatti waan hin hammattamneef sirba irraa adda dha jedheen yaada. Faaruu biyyaalessaa faarfachuun dogoggora jedhee hin yaadu. Kana irratti ejjennoo waldaan kiristaanaa fudhattu jalatti buluuf ejjennoo koo godhachuufis qophiidha.

Dibbeedhaa fi Sirbaan isa jajadhaa! Macaafa Faarfannaa 150:4 keessatti kan jedhu, tajaajiltoonnii fi amantoonni hundinuu akka hubatan kanan barbaadu, Wanti ulfina

waaqayyoo mul'isu yoo jiraate sirbaanis waaqayyoon jajachuun ni danda'ama. Daawwit faarfannaa isaa keessatti waaqayyoon ni jajate.

2.2.2. Waaqayyoon Tajaajiluun Jireenya.

Waaqayyoon tajaajiluun jireenya keenya dha. Waan nutti toleef yookiin waan nutti hin toliniif kan maqaa isaa labsinu utuu hin ta'in. Jireenyi keenya kaayyoon isaa galata waaqayyoof galchuufi dha. Kaayyoon uumama keenyaa waaqayyoon tajaajiluu dha. Kan waaqayyo biyya lafaa kana irratti nu uumeef isa akka tajaajilluu fi maqaa isaa guddifnee jajannuufidha. Kaayyoo uumama keenyaa kana walii wajjin gaafa raawwannu waaqayyo nutti gammada. Nagaa jireenya keenyaa arganna. Hafuurichi boqonnaa namaaf kenna. Hojii keenyaan "busy" taanee akka hojjannu kan nu taasise, cubbuu keenya dha.

"Waaqayyo jalqaba gaafa Addaam fi Hewaan Namoota jalqabaa uumu nyaatanii, dhuganii abboommii inni isaaniif kenne akka eeganii fi. "

2.2.3. Sirbuun Cubbuu dha.

Ji'oota muraasaan dura "Sirbi cubbuu dhaa?" Cubbuu miti? kan jedhan garee wal mormii lama turani. Isaanis ni sirbina, hin sirbinu kan jedhaniidha. Gareen walqoode kuni, Sirbi ogummaa dha malee cubbuu miti, "keessaa filannee sirbina" jechuun waliif galan. Torban tokko utuu hin guutin sirba filatamuuf madaallii (safartuu) isaa baasuu dhaaf deebi'anii walgahan. Booda garuu waliif galuu dhabuun sirbuun akka hin barbaachifne irratti waliif galame. Sirbuun cubbuu dha. Keessaa filannee hin sirbinu. Tokko tokko immoo yaada kennaniin, "Sirba dhiisii faarfannaayyuu keessaa filatanii faarfachuun kan ta'uu qabuudha." jechuun goolaban.

2.3. Sababoota Sirbi Hin Sirbamne Keessaa Saddeet(8)

Kiristaanonni maaliif kan hin sirbineef? Namni jedhu yoo jiraate yoo xiqqaate sababoota saddeet waan qabnuuf hin sirbinu.

1. **Cubbuu waan ta'eef**: Hunduma keenyaaf yesuus kiristoos fakkeenya dha. Wanta gochuu qabnu hundumaa hojjatee nu argisiisee deeme. Cubbuu irrraa kan hafe waan hundumaan qorameera. Jireenyi keenyas fakkeenya inni nuuf kaa'een gaggeeffama. Macaafa qulqulluu

keessatti Gooftaan yesuus yommuu sirbu hin argine. Yommuu faarfatu garuu ni argina. Hin sirbinaa kan jedhe dubbii sagalee waaqayyooti. (Galaatiyaa. 5:21; 1Phexros. 4:3). Galuumsa kana waldaan kiritaanaa kan argatte macaafa qulqulluu irraa malee aadaa Itoophiyaa irraa miti. Wangeelli gara Yihuudaa, gara warra hin amannees kan dhufe hojii Ergama isa guddaa sana raawwachuuf malee aadaa jijjiiruuf miti. Ergamni kenname aadaa sakatta'uudhaan yoo waliin kan adeemu ta'e akka waliin adeemu, yoo kan hin adeemne ta'e immoo sirreessuuf ni danda'a.

2. **Abboonni Amantii waan hin sirbineef:** Ibroota boqonnaa kudha tokko irraa kaafnee yoo ilaalle abboonni amantii warra kakuu haaraa kan ta'an ija barbaachisu qorachuudhaan seenaa waldaa kiristaanaa haaromfamee fi waldaa revival kan ta'anii dha. Abboonni amantii kunniin hin sirbine. Sirbaas jedhanii hin gorsine. Hin ajajnes. Yesuus Yerusaalemin ilaalee ni boo'e jedha malee namoota walitti qabee ni sirbeef hin jedhu. (Luqaas. 19:41). Ergamaan Phaawuloos yommuu hidhamu, hiikamu, wangeelaaf yoo ari'atamu, Akkasumas namoonni kiristaanota yommuu ari'atan, rakkinni akka dhaabatuuf sirba ni baaseefii? Wangeela babaldhisuuf yookiin namoonni waaqayyo akka beekaniif jedhee sirbeeraa? Gonkumaa hin sirbine. Abboonni amantii sirbi hin barbaachisu akkuma jedhan nus hin barbaachisu ni jenna. Kanas kan jennu abboonni amantii waan jedhan qofaaf utuu hin ta'in sagaleen waaqayyoos waan hin deeggarreefidha. Gabaabaadhumatti sababni hin sirbineef inni lammaffaan abboonni amantii waan hin sirbineefi dha.

3. **Eenyummaa Keenya Waliin Waan hin Deemneef:** "Warra hin amannee wajjin walitti hin hidhatinaa! Qajeelinnii fi jal'inni maal walitti qabu? Ifnii fi dukkanni tokkummaa maalii qaburee?" (2Qorontoos. 6:14). Waaqayyo waan uumaa keenya ta'eef isa galateeffanna. Waaqeffannaan jireenya keenya. Eenyummaa keenya ittiin waaqayyoon waaqessinee fi faarfanneen kan sirbinuuf sababa tokkoyyuu hin qabnu. Sirbuun cubbuu dha. Cubbuun jal'ina. Qulqullummaan jal'ina irraa wanti inni qooddatu tokkoyyuu hin jiru.

4. Waan nu hin qulleessineef: "Critical Thinking" Waldaa kiristaanaa keessatti adeemsifamuu qaba kan jedhaniidha. "Critical thinking" kan adeemsifamu garuu karaa saayinsii herreegaa (loojikii) fi addunyaa kalaqaa keessatti dha. Waldaan Kiristaanaa kan ittiin gaggeeffamtu "Critical thinking" dhaan utuu hin ta'in "System thinking" dhaani.

5. Waaqeffannaa waliin waan hin adeemneef: "Raacitii moofaa isin keessa jiru baasaa gataa! Raacitii of keessaa hin qabdan erga ta'ee, isin bukoo haaraa ni taatu. Kiristoos hoolaan aarsaa nuuf ta'eera." (1Qorontos. 5:7). Kan hin sirbineef namoota addunyaa lamaa waan hin taaneefi. Kiristoosii fi seexanni tokko akkuma hin taane faarfannaa fi sirbi tokko ta'uu hin danda'an. Akkuma mammaaksi amaariffaan "Yemagdas kebero leserg aywasm!" Dibbee ittiin waaqeffatan cidhaafis itti fayyadamuun hin ta'u akkuma jedhamu, waaqeffannaa fi sirba waliin hin makamu.

6. Dhuga ba'uumsa wangeelaa waliin waan hin adeemneef: "Wanta warri saba waaqayyoo hin ta'in hojjechuu jaalatan hojjechuudhaan yeroon isin dabarsitan ni gaha." (1Phexros. 4:3-4)

7. Waamicha Keenya Waliin Waan hin Adeemneef: Kan waamamneef jireenya yesuus jiraate irraa qooddachuuf. Duuka buutuu isaa ta'uu fi fannoo isaa baachuuf. Nuti "luba mana waaqayyooti." luboonni hin sirbani. Yoo sirbanillee irraa hin bareedu. Luboonni waaqeffannaa waaqayyoof dhiheessu.

8. Lola hafuuraaf waan hin fayyanneef:- "Yoos harka waaqayyoo jala of galchaa! Seexanaan immoo mormaa! Innis isin dhiisee in baqata." (Yaaqoob. 4:7)
Seexanaan mormuudhaaf wanta lama barbaachisa. Waaqayyoof bitamuu fi seexanaan mormuun baay'ee murteessaa dha. Waaqayyoof bitamuun gara waaqayyootti dhihaachuu dha. Waaqayyotti dhihaachuuf wanta seexanni itti fayyadamu ofirraa fageessuu barbaachisa. Foon baatanii saree of irraa ari'uun akkuma hin danda'amne, sirba sirbaa seexanaan mormuun hin danda'amu. Mi'a seexanaa, sirba gatuu dha. Sababni inni saddeettaffaan hin sirbineef lola (wal'aansoo) hafuuraaf waan hin fayyanneef eeyyeen hin sirbinu.

Cuunfaa

Faarfannaan hafuura qulqulluun faarfatama. Faarfannaan nama irraa yookiin namaafis miti. Nama irraa waaqayyo qulqullaa'aa dhaaf.

3. FILANNOON SADI HIN JIRU

Karaa irratti naaf dhaabi kan jedhu baay'edha
Erga manaa bahee shakkiin kan guutamu
Ati garuu,
Oolmaa kaleessaa hin irraanfatin
Nama galata hin qabne hin ta'in
Calliftee baatee galuu dhiisi
Maqaa gooftaa yesuus ofirratti moosisi.
Jireenya hiika hin godhanne keessaa bahi.
Biyya lafaa dhiisi Yesuusin filadhu!
Filannoon sadi in jiru!

"Ani har'a jireenyaa fi du'a, eebbaa fi abaarsa isin dura akkan kaa'e, waaqaa fi lafa waamee isin irratti dhugaa nan baasisa. Kanaaf isin, ijoolleen keessanis akka jiraattaniif jireenya foo'adhaa! (--Keessa Deebii. 30:19)

Yeroo duraa Kiristaanummaan simboo addaa qaba ture jedhama. Kiristaanummaa fi biyya lafaa gidduu sarara diimaan sararame kan isaanii fi nuyi gargar baasu jechuu dha.
Har'as kiristaanotaaf faarfannaa fi sirbi filannoo qofa utuu hin ta'in dhimma jireenyaati. Israa'elotaaf eebbaa fi abaarsi filannoo akkuma ta'e, faarfannaa fi sirbi amantootaaf filannoo dha. Waaqayyo dhala namaatiif filannoo kenneera. Filannoon isaa filannoo keenya akka ta'uuf, filannoo waaqayyoo kan ta'e faarfannaa filachuu qabna. Dhiibbaan adda addaa hammam baay'atullee kiristaanni kan barbaade filachuuf mirga qaba.

Lallaba. 10:1-2
"Titiisni urgooftuu dibataa keessatti yoo duute foolii isaa akka balleessitu, akkasumagowwummaan xinnoon ishee ogummaa fi ulfina namaa ni balleessiti! Yaadni nama ogeessaa karaa qajeelaa irra isa ni buusa. Yaadni nama gowwaa garuu karaa irraa isa ni kaachisa."

Balleessaan akkuma tolchuu hin taane, ifni dukkana miti, sobni dhugaa miti, garbummaan bilisummaa miti, cubbuun qulqullummaa miti, Hafuura biyya lafaaf hin taane, kan seexanaaf hin taane, Waaqayyoofis kan hin taane filannoon sadi hin jiru. Namoonni qoosaadhaan kallattiin adeeman, "Take it easy" kan jedhamu, warra of tuultota, waliin makuudhaan kan daldalan, sirba irraa faarfannaa irraayis kan jedhamu, filannoon sadi hin jiru. Filachuun dirqama dha.

Cuunfaa

1. Filannoon sadi hin jiru. Sirba yookiin faarfannaa filadhu!
2. Waan gaarii yoo dubbanne gadhee miti. Waan gaarii dubbachuuf sirbuu qabnaa?
3. Macaafni qulqulluun guutummaan guututti sirba waan dhoowweera. Guutumaan guututti sirba banuu hin dandeenyu.
4. Sababoota hin sirbineef saddeet:-
    i. Cubbuu waan ta'eef
    ii. Abbootiin amantii waan hin sirbineef
    iii. Eenyummaa keenyaa waliin waan hin adeemneef
    iv. Waan nu hin qulleessineef
    v. Waamicha keenyaa waliin waan hin adeemneef
    vi. Waaqeffannaa waliin waan hin adeemneef
    vii. Dhuga ba'uumsa wangeelaa waliin waan hin adeemneef
    viii. Wal'aansoo hafuuraaf waan hin fayyadneef

4. WALDAAN KIRISTAANAA MAAL HAA GOOTU?

Waldaan kristaanaa gocha hamaa sirbaa irraa amantoota dhoorkuuf dirqama akka qabdu hubachuu barbaachisa. Balaa akkasii hambisuuf waldaan kiristaanaa amantoota duuka buutota gochuu, faarfattoonni sagalee waaqayyoo keessaa akka faarfatan gochuu, muuziqeessitootaaf xiyyeeffannoo kennuu fi Tajaajila amantii guddifachuu cimsuu natti fakkaata.

a) Amantoota Duuka Buutota Gochuu

Duuka buutota jechuun kan barate jechuu utuu hin taane, Barataa barachaa jiru, yookiin adeemsa baruumsaa irra kan jiru jechuudha. Duuka buutuun guyyaa guyyaadhaan barsiisaa isaa fakkaachuuf baruumsa barsiisichaatii fi akka yaada barsiisichaatti kan qajeeluu fi ta'uudhaaf kan dhimmu jechuudha. Akka barsiisaa isaatti kan jiraatu, kan barsiisu, kan yaadu, kan tajaajilu, kan haasa'u, kan nyaatu, kan hojjetu,... guutummaan sosochii isaa akka barsiisaa isaa kan ta'e inni duuka buutuu sirrii dha. Barsiisichi keessa isaatti kan mul'atu inni duuka buutu dhugaa dha.

Waldaan kiristaanaa amantoonni duuka buutuu akka ta'aniif xiyyeeffannoo gochuun hojjechuun irra jiraata. Tajaajila kamiyyuu keessatti hirmaachuu kan dursu duuka buutuu ta'uu dha. Duuka buutonni waan hin jirreef, qulqullummaan barnootaa, jireenyi qulqullaa'aanii fi yaaliin gaariin kan dhabameef. Kanaafuu waldaan kiristaanaa fuuldura ishee kan jiru balaa sirbummaa irraa hafuuf amantoota duuka buutota gochuu qabdi.

b) Faarfattoonni sagalee waaqayyoo keessaa akka faarfatan Gochuu

Faarfattoonni kiristaanaa beellama kabajuu, barbaachisummaa obboloota jaalachuu, maatii jaalachuu, jabaatanii hojjechuu fi kan kana fakkaatan (akka faarfatan gochuun kana hundumaaf bu'uurri waaqayyo gooftaa keenya akka ta'e yaaduudhaan.) Rakkoon faaruulee filannoo dhabuun gara "filannee sirbinaatti" adeemuu yoo ta'e, faaruulee nuti utuu qopheessinee balaa sirbummaa hambisuuf fala ta'a jechuudha.

c) Muuziqeessitootaaf xiyyeeffannoo kennuu

Akka waldaa kiritiyaanaa Itoophiyaatti xiyyeeffannaan muuziqeessitootaaf taasifamu baay'ee gadi bu'aa dha. Kana irraa kan ka'es baay'een muuziqeessitootaa sirbitootaa fi hojii sirbaa hojjechuu irratti bobba'anii jiru. Qaawwi akkanaa akka hin uumamneef waldaan kiristaanaa xiyyeeffannoo keessa galchuu qabdi.

Waldaan kiristaanaa muuziqeessitoota faarfannaadhaan waaqayyoof galata galchaniif leenjiilee walirraa hin cinne kan kennu dhaabbata ijaaruu qabdi jedheen yaada. (Kanneen jiranis jajjabeessuu ni dabalata.) Barnoota muuziqeessummaa utuma baratanii, jireenya isaanii qajeelchuuf beekumsa hafuuraa baruun irra jirrata. Ta'uu yoo baate garuu, seexanni wanta xixiqqaa mul'atu itti dhiheessuun gara sirbaa fi biyya lafaaf hojjechuutti akka hin geessineef hordoffii fi eegumsa ta'uu qabu gochuun barbaachisaa dha.

d) Tajaajila Amantii Guddifannaa Cimsuu

Kitaabota hafuura qulqulluu adda addaa qopheessuun hundee kiristaanummaa barsiisuun shaakallii dogoggoraa irraa hambisuu dha.

Ergamaan Pheexiroos ergaa isaa keessatti "Waa'ee abdii isin keessa jiruuf, nama isin gaafatee, deebii isin irraa barbaaduuf deebii ga'u deebisuudhaaf yeroo hundumaa qophaa'oo ta'aa!" (1phe. 3:15) jechuudhaan kiristaanota hundumaan amantii irra dhaabbachuun barnoota sobaa dhoorkuun isaan irraa akka eegamu dubbata.

Kiritaanonni dhoorkuu qofa utuu hin ta'in deemanii dhiibbaa uumuu qabu. Poolemiksi (polemics) kan dhufe dhoorkuu qofa utuu hin ta'in adeemuun dhiibbaa uumuufi dha. Ergamaan Phaawuloos warra waaqa hin beekamne waaqeffatan Namoota Ateenaa bira dhaqee waaqni hin beekamne eenyuun akka beekamuu fi ofii isaa mul'ise isaanitti hime. Ergaa gara warra Qorontositti barreesseenis, "Waanuma ogummaa waaqayyoo gufachiisuudhaaf dura dhaabatu hundumaa diignee, yaada namootaa kiristoosiif abboomsisuudhaaf ni boojina." (2Qorontos. 10:5) jechuun, dhoowwuu qofa utuu hin ta'in deemanii diiguu, dhiibbaa uumuu, booji'uu tajaajila "poolemiksii" akka barbaachisu ni argina.

Waldaan kiristaanaas tajaajila akkanaa (dhimma sirba) mancaasuu kan qabdu amantiidhaan ta'uu qaba. Amantii ishee kanas jabeessuuf kutannoo yoo hin qabne, amantiin ishee akkasumaani. Amantii sirrii yoo qabaatte, lakkii hin ta'u, wanti jettu ni jiraata. Asis achittis walitti hin hidhatin! As koottu yookiin achii koottu, faarfadhu yookiin sirbi jetti! "Sirbi cubbuu miti!", "filannee sirbina" barnoota akkas jedhan dhoorkuu irratti qofa utuu hin ta'in,

dhiibbaa uumuu irrattillee hojjechuun irraa eegama. Pooleemiksii irratti xiyyeeffannoo gochuun barbaachisaa dha.

Kanaafuu waldaan kiristaanaa akka dhaabbata tokko, kan itti gaafatamummaan gama hafuuraa fi biyya lafaa itti dhaga'amuutti gadi taa'uudhaan gorsuu fi amantii ishee iddo bu'ee kan hin qabnee fi ejjennoo ishee ifaan ifatti dhiheessuu fi tarkaanfii fudhachuu akkasumas, tajaajila pooleemiksii sadarkaa waldaatti akka kutaa tajaajila tokkootti yookiin akka boqonnaa tokkootti qindeessuu qabdi jedheen yaada.

Cuunfaa

1. Waldaan kiristaanaa amantoota ishee balaa 'sirbummaa' irraa hambisuu qabdi.
2. Balaa 'sirbummaa' irraa eeguuf amantoota duuka buutota gochuu, barnoota amantii cimsannaa jabeessuu, muuziqeessitootaaf xiyyeeffannoo ta'u kennuudhaan.
3. Tajaajila kamiyyuu keessatti utuu hin hirmaatin kan dursu duuka buutuu ta'uu dha.
4. Amantii cimsannaa jechuun kitaabota hafuuraa adda addaa qopheessuun bu'uura kiristaanummaa barsiisuun tattaaffii barnoota dogoggoraa hambisuuti.
5. Poolemiksiin dhoorkuu qofa utuu hin ta'in deemanii dhiibbaa uumuuf kaka'uu irraa dhufe.
6. Barnoota muuziqeessummaa utuma baratanii, jireenya isaanii qajeelchuuf beekumsa hafuuraa barachuu akka danda'an waldaan kiristaanaa filannoo qoheessuu qabdi.

(KANAN ANI HIR'ISE HAFUURRI QULQULLUUN ITTI HAA GUUTU. JIREENYI KEESSAN HAA EEBBIFAMU!)

GEETUU ABARRAA

HTTPS://T.ME/MARANATAYESUUS

---

5. Kitaabota Wabii (Referance)

a) Page Amaariffaa 'Yoonaas Juwaar'
b) www.youtube.com/Kiya_Show/Discussion_on_Zefen_Part_1
c) www.youtube.com/Kiya_Show/Discussion_on_Zefen_Part_2
d) "Filannee haa sirbinu" - Dr. Tesfaye Robale kan barreeffame amaariffaan
e) Haa sirbinu moo haa faarfannu - Zelalem Mengistu